


# Lafaa fi Yaaddoo Wabii Nyaataa **Oromiyaa**

Assabee Raggaasaa



ፎረም ፎር ሶሻል ስተዲስ  
FORUM FOR SOCIAL STUDIES

*FSS Discussion Paper No. 14*

# **Lafaa fi Yaaddoo Wabii Nyaataa Oromiyaa**

**Assabee Raggaasaa**



ፎረም ፎር ሶሻል ስተዲስ

FORUM FOR SOCIAL STUDIES (FSS)

© 2013 A.L.I Foorem foor Sooshaal Istadiis (Forum for Social Studies)

Finfinnee

Mirgi maxxansiisaa hundi seeraan eegamaa dha.

ISBN: 978-99944-50-75-6

Foorem foor Sooshaal Istadiis (Forum for Social Studies)

L.S.P 25864, Koodii 1000

Finfinnee, Itoophiyaa

I-Meeyilii: [fss@ethionet.et](mailto:fss@ethionet.et)

Mar-Sariitii: [www.fssethiopia.org.et](http://www.fssethiopia.org.et)

Kitaabni kun kan maxxansame deeggarsa mallaqaa Oppin Soosayitii Innisheetiv foor Isteern Afrikaa (Open Society Initiative for Eastern Africa) irraa argameeni dha. Maxxansa kana keessatti yaadooleen ibsaman ejjeennoofi ilaalcha Boordii Hojji Geggeessitoota Foorem foor Sooshaal Istadiisi (Forum for Social Studies), gargaartoota dhaabbatichaa akkasumas deeggarsa mallaqaa kan kennee Oppin Soosayitii Innisheetiv foor Isteern Afrikaa (Open Society Initiative for Eastern Africa) callaqqisiisuu dhiisuu ni danda'a.

## **Baafata**

Lafaa fi Yaaddoo Wabii Nyaataa Oromiyaa .....	i
Assabee Raggaasaa.....	i
Lafaa fi Yaaddoo Wabii Nyaataa Oromiyaa .....	1
Assabee Raggaasaa.....	1
Seensa .....	1
1. Sirna Dinagdee Qonnaa (Agrarian Economy) fi Imaammata Lafaa Itoophiyaa .	2
1.1 Yaadrimee Dinagdee Qonnaa (Conceptualization of agrarian economy) .....	2
1.2 Imaamata Lafaa Itoophiyaa .....	3
2. Walitti-dhufeenya Lafaafi Wabii Nyaataa Oromiyaa.....	5
3. Oromiyaa keessatti Dubbiiwwan Ijoo Lafa Waliin Wal- qabatan.....	8
3.1 Saamicha Lafaa .....	9
3.2 Invaastimantii .....	9
3.3 Faalama Naannoo .....	10
3.4 Lafa-dhabdummaa .....	10
3.5 Walitti Bu’iinsa Daangaafi Qabeenya Uumamaa.....	11
3.6 Buqqaatii Uummataa .....	11
3.7 Hanqina Nyaataa .....	12
4. Gudunfaa .....	13
5. Yaada Galteewwan Imaammataaf Ta’an.....	14
Wabiiwwan.....	17



## Fulduree

Itoophiyaan guddina gosa hedduu gama dinagdeefi hawaasummaatiin galmeessiisuuf imaammata adda addaa baasuufi tarsiimoo qiyyaafachuudhaan sochii irra jiraachuun ishee ni beekama. Haaluma kanaan, waggoota kurnan lamaan darban keessa bu'aa quubsaa galmeessisuu dandeesseetti. Waggoota kudhan kan bara 2000 hanga 2010 jiran keessatti biyyattiin guddina dinagdeetiin giddu-galeessan waggaatti dhibbeentaa 10.3tiin guddachuudhaan addunyaatti tarree biyyoota safisaan guddatan gidduu hiriiruuf ishee dandeessiseera. Haaluma wal fakkaataa ta'een, bu'uuraalee misoomaa babal'isuu fi tajaajila hawaasaa ilaalchisee bu'aa gaarii galmeessiisuun danda'aameera.

Haa ta'u malee, firiiwwan argaman kunniin akkuma jiranitti ta'ee, biyyattiin har'as tarree biyyoota guddinaan duubaatti hafan keessaa bahuu hindandeenye. Seektara industirii tajaajila guddisuudhaan hojii dhabdummaa hir'isuuf tattaaffiin godhame fiixaan kan baheedha jechuuf nama hindandeessisu. Waan kana ta'eef, har'as dinagdeen biyyattii seektara qonnaa irratti akka irkatetti jira. Seektarrii dinagdee qonnaa hoomishaa biyya alaatti ergamu (*Export items*) keessaa dhibeentaa 84 kan huwwisuu yoo ta'u, humna namaa hojii irratti hirmaate keessa seektarri kun dhibeentaa 80 ga'ee qaba.

Roobaarratti hedduu kan irkate seektarri dinagdee qonnaa kun gama mataa isaatiin rakkooleen karaa umaamaa, haala nannoo, teekinooloojiifi rakkoolee caasaan walqabatan irraa mul'ata. Hanqinni roobaafi roobni yeroo isaa eeggachuu dhabuun, dhiibbaa jijjiirama qilleensaa, lafti qullaatti hafuufi dhiqamuun biyyee rakkoolee umamaa kanneen gurguddoo yoommu ta'an, qotee buloota xixiqqaa giddu galeessa kan hingodhane gaaffii abbummaa lafa, Dhabaminsa imaammata itti fayyadama lafa walfakkaataa ta'eefi tatamsa'ina qabeenya umamaa yaada keessa galche akkasumas deeggarsaalee qotee buloota xixiqqaaf kennaman baayyinniifi qulqullinn isaanii kan wal nama gaaffachiisu ta'uun seektara dinagdee kana hudhanii kan qaban rakkoolee caasaalee keessaa kunniin kan caqasamanidha. Yeroo ammaa naannolee hunda keessatti rakkooleen hanqina lafa qonnaa sadarkaa ol'aanaatti kan mul'atu yommuu ta'u, hangi lafaa kan nama tokkoof ta'u waggaa gara waggaatti hir'isaa dhufuu isaa qo'annooleen ni agarsiisu. Rakkina kanaaf guddaa kan saxilaman immoo dargagoota bifa haaraan gara hojiitti kan makaman ta'uun kan beekame dha.

Rakkoolee walxaxaa ta'an akkasiitiin kan qabame seektara dinagdee kanaaf furmaata warawa keennuudhaan homishittummaa guddisanii biyyaa fooyyee qabdu ijaaruuf tattaaffii godhamu keessaatti murteessaa ta'uun isaa kan wal nama gaafachiisu miti. Seektarii dinagdee kun imaammataafii tarsiimoo ittiin hogganamu irratti marii'achuudhaan haala qabatamaa yeroo waliin kan wal simatan filannoolee dhiyeesuun barbaachisumman isaa daran murteessaa dha.

Waan kana ta'eef "**Foorem foor Sooshaal Istadiis**" (**Forum for Social Studies**) akkuma waggottan digdaman darban gochaa ture, mata duree dhimmi ariifachiisaa yeroo ammaa irraatti kan xiyyeeffate, "**Lafa, Itti Fayyadama Lafaafi Wabii Nyaata Itoophiyaa Keessatti**" mata-duree jedhu jalatti kan qooda fudhattotni hundii itti hirmaatan waltajjii marii ummataa sagal qopheessee ture. Isaan keessa waltajjiin marii jahaa kan dhimmoota biyoolessaa irratti xiyyeeffachuun Finfinnee keessatti geggeffaman yommuu ta'u, sadan isaanii immoo nannoolee sadii guutuu (Tigraayi, Oromiyaafi Amaara) keessatti waa'ee dhimma lafaa irratti xiyyeeffachuun akka geggeeffaman kan karoorfaman turan. Sagantaa bahee irratti hundaa'uudhaan Naannoo Mootummaa Oromiyaatti dhimmoota lafaafi wabii nyaata irratti kan xiyyeeffate waltajjiin marii Amajji 28, 2012 ALE Finfinneetti geggeeffameera.

Waltajjii marii kana irratti bakka bu'ootni dhaabbilee adda addaa kan feederaalaafi naannoo irraa dhufan, dhimma kana irratti beektoota qo'annoofi qorannoo geggeessan, bakka bu'oota dhaabbillee siiviiliifi kanneen biroos irratti hirmataniiru. Yaada marii kanaaf kan ta'u haala lafaa naannichaa, bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa akkasumas naannicha keessatti kan mul'atan rakkoolee wabii nyaatafi maddeen rakkoolee kanaaf yaada furmaata kan qabate "**Naannoo Mootummaa Oromiyaatti Haala Lafaafi Wabii Nyaataa**" mata-duree jedhuun oggeessaa dhimma kana kan ta'an Dr Assabaa Raggaasaatiin waraqaan qorannoo dhiyaateera. Waraqaa qorannoo kana irratti hundaa'uudhaan hirmaattootaan marii bal'aafi gadi faggoon geggeeffameera. Haaluma kanaan, naannicha keessatti kan mul'atan hanqina lafa qonnaa, qoqodamuufi borqaa'uu lafaa ittisuuf akkasumas yeroo ammaa kan mul'atu rakkina ol'aanaa wabii nyaataa hir'isuuf yadoleen

imaammataa fudhatamuu qabu jedhaman dhiyaatanii mariif falmiin irratti geggeffamaniiru.

Akkumaa kanaan dura hojjetaa ture, dhaabbatni “**Foorem foor Sooshaal Istadiis**” (**Forum for Social Studies**) jedhamu waltajjii marii kana irratti waraqaa qorannoo dhiyaate kana gulaalliin iitti godhamee qaamoolee hawaasaa waltajjii kana irratti hinargamneef akka ga’uu yaaduudhaan kuno maxansiisee dhiyeesseera.

Adeemsa kana keessaatti, waraqaa qorannoo kana kan qopheessan Dr Assabaa Raggaasaa, waltajjii marii kana kan qopheessan hojjetoota dhaabbatichaa akkasumas hirmaattoota marii kana irratti qooda fudhatan hundumaa baayyee galateeffachuun barbaada. “**Lafa, Itti Fayyadama Lafaafi Wabii Nyaata Itiiyoophiyaa Keessaatti**” kan jedhu proojeektii mariifi maxansaa kana gama mallaqaan deeggarsa kan nuuf godhe dhaabbata Opin Inisheetiv foor Isteern Afrikaa (Open Initiative for Eastern Africa) maqaa kootiifi maqaa Foorem foor Sooshaal Istadiisitiin (Forum for Social Studies) nangalateeffadha.

**Yeraaswarq Adimaasee**

**Daarikteera Hojii Raawwachiisaa**

**Foorem foor Sooshaal Istadiis (Forum for Social Studies)**





# **Lafaa fi Yaaddoo Wabii Nyaataa Oromiyaa**

## **Assabee Raggaasaa**

### **Seensa**

Seenaa biyya Itoophiyaa keessatti lafti bu’uura siyaas-dinagdee mootummootaa ta’uun kan tajaajilaa tureefi kan tajaajilaa jirudha. Ummatni hidhata lafa wajjiin qabu gama seenaa, aadaa, dinagdeefi hawaasummaa ofii faana walqabsiisa. Biyyoota guddachaa jiran, keessumattuu biyyoota akka Itoophiyaa jireenyi ummataaqonna irratti hundaa’an keessatti immoo, imaamatni lafaa siyaasa, dinagdeefi hariiroo hawaasaa irratti murteessaadha (Bahru, 2002). Ummatni Oromoo akkuma ummattoota biroo hariiroon inni lafa waliin qabu faayidaa dinagdee irra caala. Dubbiin “Lafti Keenya Lafee Keenya” jedhu hariiroo Oromoon lafa waliin qabu ibsuuf agarsiiftuudha. Oromoon lafa gama seenaa, aadaa, eenyummaafi xinsammuudhaan walqabsiisuun ibsa. Haa ta’u malee, sirnoota adda adda darbaniifi jiran jalatti imaamatni lafaa kan ummata hinhirmaachisne, dantaa uummataa hin-eegnefi dinagdee ummatichaafis bu’aa hinbuufne ta’uu qorattootni nimirkanessu (Husen, 2018). Dhimma kana irratti beektotni tokko tokko akka ibsanitti, Itoophiyaan dinagdeedhaan boodatti hafuu isheef sababa kanneen ta’an keessaa tokko biyyattiin imaammataafi tarsiimoo itti fayyadama lafaa qotee-bulaafi haala naannoo giddu-gala godhate dhabuudha. Dabalataanis, tekniolojii ammayyaatti fayyadamuu dhabuun akka rakkootti ilaalama (McCann, 1995). Bu’uura kana irraa ka’uun, qorannoon kunis hariiroo sirna lafaa fi wabii-nyaataa Oromiyaa keessa jiru xiinxaluudhaan yaada galtee imaammataaf ta’uu danda’u kallattii kaa’ee jira. Qorannichi qorannoowwanqorataan duraan gaggeessaa tureefi qorannoowwan biroo irratti hundaa’ee geggeeffame.

Waraqaan qorannoo kun kutaa afur qaba. Kutaa jalqabaa keessatti, sirna qonnaa fi imaammata lafaa Itoophiyaa gadi-fageenyaan xiinxalame. Kutaa lammaffaa keessatti, walitti-dhufeenya yookiin hariiroo lafaafi wabii nyaataa Oromiyaa

keessatti jirutu ibsame. Kutaa sadaffaa keessatti, dhimmota ijoo lafa waliin hidhata qabantu xiinxalame. Itti aansee, kutaa arfaffaafi shanettaa keessatti, yaada xumuraafi yaada galtee imaammataa eerametuu walduraa duubaan dhiyaate.

## **1. Sirna Dinagdee Qonnaa (Agrarian Economy) fi Imaammata Lafaa Itoophiyaa**

### ***1.1 Yaadrimee Dinagdee Qonnaa (Conceptualization of agrarian economy)***

Sirna dinagdee qonnaa (agrarian economy) jechuun dinagdeefi siyaas-dinagdee qonnaa giddu-galeessa godhatee, kan ummatni irra caalaan qonnaa irratti hundaa’an, akkasumaslaftifi qabeenyi lafaa bu’uura dinagdee kan ta’e jechuudha. Biyyootni amma dinagdeedhaan guddatanifi kanneen sadarkaa guddina giddu-galeessaa gahan kanneen akka biyyoota Awuroopaa, Amerikaa, Indiyaa, Chaayinaa, Biraaziliifi kan kana fakkaatan dinagdee qonnaa irraa suuta suuta gara dinagdee industriitti cehan. Haa ta’u malee, biyyoonni kanneen imaammataafi tarsiimoo qonnaa qotee-bulaa giddu-galeessa godhate, akkasumas imaammata lafaa fayyadamummaa uummataa irratti fuulleffate waan baafataniif milkaa’an (Clapham, 2006). Kana jechuun guddinaafi jijjiirama dinagdee qonnaa keessatti, imaammata qabiyyee itti-fayyadama qabeenya uumamaa, tekniolojiwwan oomishaafi oomishittummaa dabalani, akkasumas maallaqni ittiin galteewwan qonnaaf gargaaran guuttachuun baayyee barbaachisaadha. Kana keessatti mootummaan seera baasuu qofa osoo hintaane, lafti harka namoota dhuunfaa jalatti kuufamuudhaan qotee-bultootni lafa isaanii irraa akka hinbuqqaaneef eeguudhaanis gahee guddaa taphata.

Gama biraatiin, dinagdeen qonnaa lafa irratti kan hundaa’e akkuma ta’e, siyaas-dinagdeen biyya tokkoo akkaataa imaammata lafaa, itti-fayyadama lafaa, oomishittummaafi qabiyyeen lafa waliin walqabatee jiru ittiin murtaa’u irratti murteessaadha (Dessalegn, 2009). Yaada kana fakkeenyaaf, biyyoota sirna fiiwudaalaa jala turan kanneen akka:biyya Ingilizii, Faransaay, Itoophiyaafi kan kana fakkaatan keessatti, lafti sirna abbaa lafummaa (land lordism) jala waan tureef, qotee-bultootni lafa isaanii irratti murteessuu hindanda’an ture. Qabiyyee isaanii irrattis wabii abbaa qabeenyummaa waan hinqabneef maallaqa, humnaafi beekumsa isaanii walitti fiduudhaan oomishittummaa lafa isaanii dabaluuhaaf hindhama’an. Kana jechuun siyaasni, imaammata, dinagdeefi dhiibbaan siyaasni

dinagdee irratti qaqqabsiisu akkaataa lafti itti hubatamuufi to'atamu haala bulchiinsa isaatu murteessa.

Seenaa Itoophiyaa keessattis lafti meeshaa siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa ta'ee tajaajilaa ture. Yeroo ammaas kanumatti jira. Lafti abbootii siyaasaaf madda aangoo ta'uudhaan karaa ittiin ummata harka isaanii jala galfatan ta'ee gargaara. Akka biyya dinagdeen irra caalaan qonnaa irratti hundaa'e tokkootti, ummataafis ta'ee mootummaadhaaf lafti bu'uura dinagdee ture. Hariiroo uummattoota gidduu jiru, akkasumas hariiroo uummataafi mootummaa gidduu jiru kallattii adda addaa qabsiisuudhaan gahee guddaa taphata.

Itoophiyaa keesatti hanga 1974tti lafti sirna abbaa lafaa jala waan tureef dinagdeen biyyattii saamicha irratti kan bu'uureffate akka tahe ibsama (Gebissa, 2005; Holcomb fi Ibsa, 1990; Donham, 1986). Dinagdee saamicha irratti bu'uureffate (*exploitative economic system*) jechuun kan qaamni ta'e (mootummaa, namoota dhuunfaafi dhaabbilee mootummaa waliin hidhata qaban) oomisha qotee-bulaa bifa adda addaatiin saaman jechuudha. Akka qorattootni (Holcomb fi Ibsa, 1990) barreessanitti, Itoophiyaan dinagdeefi qarroominaan boodatti hafuu isheetiif sababa kanneen ta'an keessaa inni guddaan, bara addunyaan qarroomte keessattiyyuu biyyattiin sirna siyaasaafi dinagdee boodatti hafaa (sirna fiwuudaalaa) kan hordoftu tahuudha.

## **1.2 Imaamata Lafaa Itoophiyaa**

Imaammata lafaa Itoophiyaa beektotaafi qaamolee siyaasaa adda addaa gidduutti mata-duree falmii isa guddaa ta'ee itti fufee jira. Jalqabni falmii kanaa bara qabsoo barattoota Itoophiyaa 1965 hanga 1974 yommuu ta'u, kunis miidhaa sirni mootummaa fiwuudaalaa kan lafa waliin walqabatee qotee-buloota irratti fide bu'uura taasifachuun ture. Imaammata lafaa ilaalchisee gareen falmii jiran bakka lamatti qoodaamu. Isaanis, warra lafti harka mootummaa jala turuu qaba jedhaniifi warra lafti nama dhuunfaadhaan qabamuu qaba jedhani (Crewett fi Korf, 2008). Warri lafti harka mootummaa jala turu qaba jedhan akka sababaatti kan kaasan, mootummaan hiyyeessa warra humna maallaqaa qaban irraa eeguuf/tiksiuf dirqama waan qabuuf jedhu. Gama biraatiin, lafti harka nama dhuunfaa galuu qaba warri jedhan immoo yaada lama kaasu. Inni jalqabaa, itti fayyadama lafaa hammayyeessuufis ta'ee namni qabeenya isaa irratti akka dhangalaasuuf kan

dhuunfaa yoo ta'e wayya kan jedhudha. Inni lammaffaan, lafti gabaa bilisaa keessa galee gurguramuus, jijjiiramuus qaba; yeroo sana oomishaa fi oomishitummaa dabalun danda'ama jedhu. Akka xiyyeeffannaa qorannoo kanaatti garuu, yaadni inni lammaffaa kun fudhatama kan qabu akka hintaaneefi lafa harka mootummaa galchuunis qotee-bultoota kan fayyadu waan hintaaneef qorannoo gadi-fageenyaageggeessuun imaammata lafaa qajeelaa ta'e baasuun barbaachisaadha.

Dhuma jaarraa 19<sup>ffaa</sup> irraa eegalee, erga Itoophiyaan bifa amma qabatee jirtuun hundeeffamtee kaasee sirni bulchiinsa fiwuudaalaa guutummaa biyyattii keessatti diriirfamee lafa qabate jira. Sirni fiwudaalaa kan ittiin beekamu keessaa inni tokko haala bulchiinsaafi qabiyyee lafaati. Sirni lafaa biyyattii yeroo sanaa wal-xaxaa yommuu ta'u, keessumattuu naannolee gara kibba biyyattii jiran (Oromiyaa dabalatee) keessatti lafti qaamolee sadiin qabamee akka turetti ibsama. Kunis lafa mootummaa, lafa abbootii lafaafi lafa waldaa amantaa Ortodooksii Itoophiyaa ture.

Lafti mootummaadhaan qabamee ture dhibbeentaa 46% yommuu ta'u, mootummaan lafa akka meeshaa siyaasaatti itti dhimma bahaa ture. Kana jechuun mootummaan namoota duula irratti hirmaatan, muudama adda addaa yommuu kennuufi akka kennaa addaatti deggartoota isaaf lafa kennuudhaan hundee siyaasa isaa lafa qabsiisuudhaf itti fayyadamaa ture. Inni biraa, lafa namoota dhuunfaadhaan (Abbootii lafaa – *landlords*) qabamee turedha. Inni kun gara dhibbeentaa 42 (42%) ta'a. Inni saddaffaan harka waldaa amantaa Kiristaanaa Ortodooksii yommuu ta'u, kunis dhibbeentaa 10-12% ture. Lafti naannoolee horsiisee bultootaa garuu, guutummaa guutuutti harka mootummaa ture (Yigremew, 2001). Kana qofa osoo hin taane, sirna sana keessatti qotee-bultootni waan oomishan irraa hanga dhibbeentaa 75 (75%) maqaa gabbara adda addaatiinfakkeenyaaf, gibira mootummaa, kan waldaa amantaa Ortodoksiifi hojii geggeessummaaf baasii godhu turan (Bahru, 2002).

Sirni sungama dinagdee, hawaasummaafi siyaasaatiin hakuuccaa cimaa uummata biyyattii irraan gahee ture. Keessumattuu sabaafi sab-lammoota gara Kibba biyyattii jiran irraan roorroo hamaa gahaa turee jira. Gama dinagdeetiin, sirnichi lafa harka warra humna qabanii jala waan galcheef hiyyeessi dinagdeedhaan akka hinbayyaananne gochuudhaan jireenya gadadoo keessa galcheera (Donham, 1986). Qote-bulaan hojjetee qaama biraaf waan hiruuf, humna isaas ta'e qabeenya isaa

waan saamamuuf, akkasumas lafa isaa irratti aangoo waan hinqabneef jireenya gadadoo keessa akka turu waan godheef qabsoo barattoota Itoophiyaa bara 1965 hanga 1974 dhoheef sababa tahee jira. Beektotni adda addaa akka jedhanitti, mormii barattoota yeroo sanaaf sababa kan tahe boodatti hafummaa biyyattii, keessumattuu hacuuccaafi saamicha qote-buloota irratti gaggeeffamaa turedha (Balsvick, 1985; Donham, 1986). Kana irraan kan ka'ee "Lafti Qote-bulaaf" ("Land to the Tiller") dhaadannoon jedhu bara 1965 irraa eegalee akka ijoo warraaqsaa ta'ee ture. Yeroo booda, mootummaan dargii akkuma aangoo qabateen bara 1975 labsii baaseen lafti baadiyyaa qotee-bulaaf akka deebi'u taasisee ture.

Sirnichii gama dinagdee qofaan osoo hintaane hariiroo hawaasummaatiinis olaantummaa qaama tokkoo (warra abbootii lafaa) qote-buloota irratti fe'uun dhiibbaa guddaa xiinsammuu isaanii irratti geessisaa ture. Kana jechuun sirni fiwudaalaa uummata sadarkaa adda addaatti qoqqoduudhaan abbaa lafaa, gabbaraa jechuun ol-aantummaafi gad-aantummaa waan ijaareef wal-qixxummaan uummataa sarbamaa ture. Mootummaan dargiis labsii bara 1975 baaseen lafa qote-bulootaaf haa deebisuuyyuu malee deemsa keessa lafa harka mootummaa jala waan galcheef qote-bultoonni lafa isaanii irratti murteessuuf aangoo argachuu hindandeenye. Dargiin kufee mootummaan ADWUI (Adda Dimokiraatawaa Warraaqsa Ummattoota Itoophiyaa) bara 1991 aangootti dhufe. ADWUIn Heera Mootummaa isaa keessatti akkuma labsametti lafti kan mootummaafi uummattoota Itoophiyaati jedha. Kunis, mootummaan yeroo barbaadetti uummata akka lafa irraa kaasuu dandaa'uf carraa nikennaafi. Walumaagalatti lafti bu'uura dinagdee, siyaasa, hawaasummaafi eenyummaa ta'uudhaan kallattii siyaasa Itoophiyaa jijjiiruu keessatti bakka guddaa qabaachaa tureera; ammas itti fufee jira.

## **2. Walitti-dhufeenya Lafaafi Wabii Nyaataa Oromiyaa**

Akkuma uummattoota biyyattii biroo jiruufi jireenyi uummata Oromoos qonna irratti kan hundaa'e akka ta'e mata duree armaan olii jalatti ibsamee jira. Uummanni qotatee bulaan sababa jireenyi isaa qonna irratti hundaa'eef lafaafi qabeenya umamaatiif bakka ol'aanaa kennaafi. Faayidaa ol'aanaa lafti baadiyyaa qotee bulaaf kenna jiru giddu-galeessa godhachuun akkaataa bulchiinsaafi itti-

fayyadama lafa baadiyyaa haala guddina walitti-fufinsa qabu fiduu dandeessisuun sirnaafi seera diriirsuun barbaachisaadha.

Akkuma mata-dureewwan armaan olii jallatti ibsame, wabii nyaataaf murteessoo kanneen ta'an keessa oomisha midhaaniif kan ta'u lafa argachuu, gabaa, waantota oomisha fooyyessuuf gargaaran kanneen akka tekinooolojii, beekumsaafi ogummaa, maallaqa, calla-guddiftuufi kkf argachuu akkasumas waan oomishan irratti murteessuu danda'udha. Gama biraatiin, wabii nyaataa jechuun jiraachuu midhaan nyaataa qofa osoo hintaane, isa gabaa irra jiru bitachuu danda'uu yookiin oomisha nyaataaf hinoolle gurguraniin midhaan nyaataa bitachuuf haala gabaa mijataa argachuu dabalata. Haa ta'u malee, humni yookiin dandeettiin midhaan bitachuu lafa argachuu waliin yeroo baayyee wal-hinqabatu. Garuu biyyoota akka Itoophiyaa kan jireenyi uummataaqonnaa irratti hundaa'e keessatti lafti bu'uura midhaan nyaataa ta'a jechuudha.

Fekadu (2016) akka ibsetti, Oromiyaa keessatti lafa-dhabdummaan 25-45% akka ta'eefi kanaaf immoo sababa kan ta'an: baayyina uummataa, babalina magaalotaa, manca'insa qabeenya umamaafi dargaggootni hojii biraa dhabuu isaaniitiin lafa oomishtummaan isaa dhiphachaa deemu irratti fuulleffachuu isaaniiti. Haa ta'u malee, lafa dhabdummaafi dhiibbaan inni wabii midhaan nyaataa irratti qaqqabsiisu dur-duubee seenaa keessatti ilaalamuu qaba.

Dhuma jaarraa 19<sup>ffaa</sup> irraa eegalee hundeeffamuu biyya Itoophiyaa kana waliin wal-qabatee mootummoonni dhufa darbaan qote-bulaa irratti maxxanuudhaan gabbara gosa adda addaa irraa guuruudhaan uummata saamaa akka turan beektotni ni eeru (Donham, 1986; Bahru 2002). Kunis maallaqaanis ta'e gosa qabeenyaatiin qote-bulaa saamuudhaan humna siyaasaafi dinagdee isaanii gadi-fageeffatanii akka ijaarrataniif isaan gargaaree jira. Saamicha akkasiitiif immoo kan saaxilaman kan qorataan Markakis (2011) uummatoota *qarqara hawaasaa warra jalqabaa (first frontiers)* jechuudhaan ibsu yommuu ta'u, isaanis qote-buloota Kibba, Kibba-lixaa, Lixaafi Baha biyyattii keessatti argaman turan. Sirni fiwudaalaa sun Oromiyaa qofa irratti xiyyeeffachuu baatullee Oromiyaan hunda caalaa sirna kanaan akka miidhametti dubbatama. Kunis ta'uu kan danda'e teessumni lafaa, qabeenyi uumamaa, qilleensiifi kan kana fakkaatan mijatoo waan ta'aniifi. Bara sirna fiwudaalaa keessa lafa qote-bulaa warra abbaa lafaa (*landlord*) jedhamaniif kennuu, bara Dargii maqaa *gurmaa'ina qote-bulootaatiin* lafa harka mootummaa jala galchuutu ture. Bara mootummaa A.D.W.U.I 1991 irraa eegalee aangoorra jiru

immoo, maqaa abbootii qabeenyaa (*investaroota*) *misoomawoo* (developmental investors) jedhuun lafa harka abbootii qabeenyaatti dabarsuutu mul'ata (Abbink, 2011).

Sirnoota kana hunda keessatti qote-bultoota buqqisuun kan raawwate aguuggii seeraafi maqaa misoomaatiin ture. Fakkeenyaaf, waggoota kurnan lamaan darban keessatti maqaa oomisha abaaboo, zoonii industirii, babal'ina magaalotaa fi liizii lafaatiin qote-bultootni miliyoonotaan lakkaa'aman Oromiyaa keessaa lafa isaaniirraa akka buqqifamantu ibsama (Teshome, 2014). Labsiin waa'ee lafarraa uummata buqqisuu (Labsii Lakk. 455/2005) mootummaan akka fedhetti namoota lafa isaaniirraa akka buqqisuuf aangoo hindaangeffamne kennaaf (Keeyyata 5.3, fi 5.4a walbira qabuun ilaali). Labsiin kun bara 2005 kan bahe yommuu ta'u, siyaasa Itoophiyaa keessatti bara 2005 jechuun bara mootummaan aangoorra ture (A.D.W.U.I) gara "*mootummaa misoomawaatti*" (*developmental state*) ifatti of jijjiire yommu ta'u siyaas-dinagdeen "*mootummaa misoomawaa*" olaantummaa inni dinagdee/misooma keessatti qabu kan tumsudha (Meles, 2006). Kana jechuun labsiin kun maqaa misoomaatiin ummata lafa isaa irraa buqqisuuf akka itti mijatutti seera-qabeessummaa gonfachiisuuf kan labsame yommuu ta'u, waggoota dheeraaf beenyaa gahaa malee qote-bultootni aguuggii labsichaatiin lafa isaanii irraa buqqifamaa turanii jiru. Labsicha keessatti waa'een beenyaa Keeyyattoota 7 fi 8 keessatti kan caqasame yoo ta'es, hanqina lamatu keessaa mul'ata. Tokkoffaan "beenyaan kan kaffalamu cuunfaa (average) oomisha waggoota shanan darban keessatti argame harka kudhaniin baayyisuudhaan" jedha. Haa ta'u malee gatiin lafa qote-bulaa tilmaama akkasiitiin kan shallagamu miti. Lammaffaa, labsichi aangoo tilmaamuus ta'e lafa irraa buqqisuu bulchiinsa aanaaf waan kenneef malaammaltummaaf saaxila. Kunis ta'uu kan danda'e biyya Itoophiyaa keessatti bulchiinsa aanaa osoo hin taane bulchiinsi naannootuu aangoo sirrii bakka hinqabnetti namootni dhuunfaa hidhata mootummaa federaalaa qaban akka fedhanitti lafa of-harka akka galfatan carraa uumeefii jira. Deemsa keessa garuu akkuma beektotni jedhan, uummatni cunqursaan itti baayyate bifa adda addaatiin mormii/falmii kaasuu akkuma eegalu (Scott, 1998), uummatni Oromoos keessumattuu waa'ee saamicha lafaafi lafa qonnaa isaaniirraa buqqaafamuu qote-bultoota irraan kan ka'e bara 2014 irraa eegalee mormii mootummaa irratti akka kaasu sababa tahee jira.



Gama hariiroo lafaafi wabiinyaataan yommuu ilaalamu, akkuma armaan olitti ibsame, biyyoota dinagdeen isaanii qonnaa irratti hundaa'e keessatti lafti bu'uura wabii nyaataa akka ta'e mirkanaa'aadha. Haa ta'u malee, Itoophiyaa keessatti siyaas-dinagdeen sirna lafaa ijaarama biyyattii waliin kan wal-qabatedha. Lafti madda humna aangoo mootummaati. Akkasumas, madda dinagdee abbootii qabeenyaa, madda deggersa siyaasaa ittiin horataniifi meeshaa mormitoota ittiin adaban ta'ee tajaajilaa ture; akkasumas tajaajilaa jira. Kanaaf, imaammatni waa'ee lafaas faayidaalee kanneen mirkaneessuuf kan ba'u malee dantaa ummatichaa eegsiisuuf hinturre. Oromiyaan immoo gama hedduun lafa mijataa waan qabuuf fedhiwwan adda addaatu qaama hedduu irraa irratti walgaha. Maqaa investimantii, misooma magaalaafi kan kana fakkaatan sababeeffachuudhaan saamichi lafaa hedduun gaggeeffamaa waan tureef qote-bultootni midhaan nyaataan of danda'uu irratti miidhaa guddaa jala turanii jiru.

Gama biraatiin, imaammatni qonnaafi misooma lafaa ilaalchisee ba'us haala teessuma lafaa, qabeenya umamaa, qabiyyee biyyee, qilleensa naannoofi kan kana fakkaatan giddu-galeessa waan hingodhanneef qote-bultootaafi horsiise-bultootaaf bu'aa madaallii kaasu hinbuufne. Fakkeenyaaf immaammatni Industirii yommuu ba'u lafa qonnaaf hin oolle irratti Industirii dhaabuu kan daangessu osoo hintaane lafa midhaan nyaataaf ta'u irratti "Zoonii Industirii" jedhamee daangeffamaa ture. Kunis jiruufi jireenya qote-bultootaa irratti dhiibbaa guddaa qaba. Haaluma wal-fakkaatuun, misooma Industiriiwwanii babal'isuu irratti imaammatni fuulleffate naannoo irratti miidhaa fidaa ture. Fakkeenyaaf naannoo Oromiyaa keessatti keemikaala warshaalee keessaa ba'aniin laggeen hedduun faalamani jiru. Fayyaa jiraattotaa irrattis miidhaan cimaan gahaa ture. Gama biraatiin garuu imaammata qofa osoo hin taane sirni siyaasa biyyattiis dimokiraatawaa waan hintaaneeff hojiirra oolmaan imaammatootaa hanqina cimaa qaba.

### **3. Oromiyaa keessatti Dubbiwwan Ijoo Lafa Waliin Wal-qabatan**

Oromiyaan qabeenya uumamaa, haala teessuma lafaafi qilleensaatiin dinagdeef, siyaasaafi qubsuma uummataaf mijataa ta'uun nibeekama. Qabeenya umamaa, teessuma lafaa giddu-galeessa ta'e, akkasumas qilleensa mijataa qabaachuun Oromiyaa maqaa investimantiin saamicha lafaafi buqqa'insa uummataaf akka saaxilamu taasiisee jira. Gama biraatiin, akkaataan teessuma lafa Oromiyaa sabaafi sablammoota adda addaa waliin kan wal daangessu waan ta'eef walitti bu'iinsa

daangaafi qabeenya uumamaaf akka saaxilamu taasisee jira. Kutaa kana keessatti Oromiyaa keessatti dubbiiwwan ijoo lafa waliin wal-qabatantu xiinxalame.

### ***3.1 Saamicha Lafaa***

Akka addunyaatti saamichi lafaa (land grabbing) kan babal'ate qaala'insa boba'aafi midhaan nyaataa bara 2007/08 keessa muudate waliin walqabata. Kunis biyyoota dinagdeen guddatan keessatti yaaddoo guddaa waan uumeef, kana irraa dandamachuuf xiyyeeffannoon isaanii biyyoota guddachaa jiran kan akka Itoophiyaa irra ta'e (Asebe fi Korf, 2018). Jechi "saamicha lafaa" jedhu kun qorannoo keessatti, abbootii siyaasaa, dhaabbilee dinagdeefi dhaabbilee mirga dhala namaaf falman biratti hiikkaa walfakkaatu hinqabu. Haa ta'u malee, akka waliigalaatti saamicha lafaa jechuun lafa bal'aa oomisha adda addaaf oolu namoota lafa sana irra jiraatan irraa buqqisuudhaan dabarsanii qaama biraatti kennuudha. Kunis kan raawwatu aangoo baannatanii humnaan yookiinmarii uummataan aladha. Giddu-galeessummaan isaas faayidaa uummataa osoo hintaane, faayidaa dhaabbilee dinagdee, abbootii qabeenyaafi warra aangoo ofharkaa qabanxiyyeeffachuun raawwata (Cotula, 2013).

Saamicha lafaa kana waantonni walxaxaa taasisan hedduudha. Kanneen keessaa: 1) Kenninsi lafaa haguuggii seeraa jalatti waan raawwatamuuf seera-qabeessa fakkaata. Kun immoo namootni lafti irraa fudhatame akka mirga ofiif hinfalmanneef karaa itti cufa. 2) Saamichi lafaa kan raawwatu maqaa misoomaatiin waan ta'eef, akka namni amanee fudhatu kan taasisu fakkaata. Miidhaasaamichi lafaa kunqaqqabsiisu haguuggii misoomaa jalatti dhokatee osoo hinhubatamiinturee jira. Biyyoota akka Itoophiyaa keessatti immoo, namni adeemsa kenninsa lafaa kana qeeqe yookiin kallattiin bahee morme maqaa 'farra misoomaa' jedhu itti maxxansuunyakkamee adabama. 3) Abbootiin qabeenyaafi jarreenaangoo qaban (siyaasaa) hariiroo cimaadhaan waliin dalagu. Haalli kun harka-qalleeyyiifikanneen humna siyaasaa hinqabnerratti miidhaan inni qabu olaanaa taha.

### ***3.2 Investimantii***

Guddina biyya tokkoo keessatti abbootiin qabeenya maallaqa isaanii misooma irratti yommuu dhangalaasan carraa hojii uumuu danda'u. Dabalataanis, sharafa biyya alaa argamsiisuufi dinagdee biyyaa, akkasumas uummata naannoo misoomu sana jiraatuuf bu'aa akka buusan amanama. Haa ta'u malee, biyyoota guddachaa

jiran keessumattuu biyyoota mootummaa abbootii irreetiin bulan keessatti investimantiin bu'aa dinagdee fi hawaasummaa fiduu caalaa, miidhaa inni gama fayyaa uummataa, hawaasummaa, faalama naannoo, akkasumas lafa-dhabdummaa babal'isuutiin geessisutu madaallii guddaa kaasa.

Naannolee maqaa investimantiitiin miidhaman keessaa naannoon Oromiyaa sadarkaa jalqabaa irratti argama. Fakkeenyaaf, warshaaleen adda addaa karaa sirrii hintaaneen balfa gadi-dhangalaasuudhaan naannoo faalu; keemikaala biyyees ta'e fayyaa namaa irratti balaa geessisan fayyadamuudhaan miidhaa guddaa qaqqabsiisaajiru. Kanaafuu, investimantiin naannoo Oromiyaa keessatti irra caalaan isaa akka carraa misoomaatti osoo hintaane akka balaa cimaafi farra uummata naannicha jiraatuu tahetti ilaalama. Kun immoo kan ta'uu danda'e, imaammataafi tarsiimoo fayyaa uummataa, fayyadama hawaasaa, eegumsa naannoofi dirqama kampaanootaa irratti xiyyeeffatee ba'e hinjiru. Isa jirullee hojiirra oolchuuf fedhii, dandeettiifi aantummaan cichanii hojjechuun waan hinjirreef uummanni miidhaa hamaa jalatti kufee jiraachuutu mul'ata.

### ***3.3 Faalama Naannoo***

Oromiyaan teessuma lafaafi qabeenya umamaatiin mijataa waan ta'eef kampaaniwwan hedduun investimantii adda addaatiif naannoo kana akka fedhan ni beekama. Magaalaan Finfinnee handhuura Oromiyaa akkuma taate, warshaaleen hedduun Finfinneefi naannawaa kanatti argamu. Warshaaleen jiranis balfa dhangala'oofi keemikaalota adda addaa maal nadhibdeen gadi lakkisuun faalama naannoo keessatti gahee mataa isaanii qabu. Walumaa galatti, faalamni Naannoo Oromiyaa keessatti mul'atu karoora itti fayyadama lafaa sirrii ta'e dhabuu irraan kan ka'e balaa guddaa ta'aa dhufee jira.

### ***3.4 Lafa-dhabdummaa***

Oromiyaa keessatti sababiiwwan namoonni lafa-dhabdummaadhaan rakkatan akka armaan gadiitti ibsamu (Fekadu 2016):

- Mancaa'insa qabeenya umamaa (land degradation)
- Maqaa investimantiitiin lafa irraa buqqifamuu (expropriation)
- Babal'ina magaalotaa seeraan/karooran alaa (illegal/unplanned urban expansion)

- Baayyina uummataa (population growth)

### ***3.5 Walitti Bu'iinsa Daangaafi Qabeenya Uumamaa***

Naannoon Oromiyaa uummata horsiise-bultootahedduu qabdi. Jireenyi horsiisee bultootaa immoo bakka dheedichaafi obaa bishaanii irratti kan hundaa'e waan ta'eef yeroo mara walitti bu'iinsi daangaa (kunis daangaa naannolee gidduu jiruufi daangaa biyyoota addaan baasu dabalata) fi qabeenya uumamaa nimudata (Tache fi Oba, 2009). Kana malees, erga sirni federaaliizimii kun bara 1991 Itoophiyaa keessatti diriiree eegalee walitti-bu'iinsi daangaa baayyee heddummaataa dhufe (Asebe, 2012). Walitti-bu'iinsa daangaa irratti mudatu keessaa hedduun isaa qabeenya uumamaa yookiin lafa waliin walqabata. Fakkeenyaaf, walitti-bu'iinsi horsiisee bulaa Oromiyaa fi Somaalee gidduutti bara 2017fi 2018 umame siyaas-dinagdee daldala naannawaa daangaa sanatti gaggeeffamu waliin kan walitti hidhate ta'uyyuu, sababnijoon tokko waa'ee lafaati. Gama siyaas-dinagdeen yommuu ilaalamu walitti bu'iinsi sun, daldala seeraan alaa (kontroband) waliinis walqabata. Cancalli yookiin funyoonaaseerummaa akkanaa immoo, daangaa naannolee lamaanii irraa ka'ee hanga mootummaa federaalaatti akka walharkisu dubbatama.<sup>1</sup>

### ***3.6 Buqqaatii Uummataa***

Buqqa'insi uummataa biyya Itoophiyaa keessatti yeroo adda addaa raawwachaa turee jira. Yeroo mootummaa Dargii keessa maqaa misoomaafi tajaajila haawaasummaa fooyyessuu jedhuun uummatni miliyoonota hedduun lakkaawaman qe'ee isaanii irraa buqqiifamanii gara 'mandaraatti' walitti qabamaa turan. Kun walitti-dhufeenya hawaasaa, dinagdeefi aadaa irratti miidhaa fide malee akka jedhametti tajaajila hawaasummaas ta'e jireenya uummataa kanfooyyeesse hinturre.

Yeroo mootummaa amma aangoorra jiru kana keessa immoo buqqa'insi uummataa gama lamaan rawwatamaa jira: 1) Misooma (investimantii) sababeeffachuun qote-bultoota yookiin horsiise-bultoota seera dawoo godhachuun buqqisuutu rawwatama. 2) Babal'ina magaalotaa keessumattuu Magaalaa Finfinnee seeraan ala babal'isuudhaan qote-bultoota naannoo magaalichaa marsanii jiran kallattii

---

<sup>1</sup><https://www.thereporterethiopia.com/article/government-take-measures-officials-involved-unrest>

arfaniinuu lafa isaanii irraa buqqisuun itti fufee jira. Mootummaan qote-bultoota buqqisuu kana haguuggiiseeraatiin raawwachaa ture. Fakkeenyaaf, labsiin mootummaa Federaalaan bahe (Labsii Lakk. 455/2005) akka ibsutti, lafti qote-bulaa tokko tajaajila hawaasaaf nibarbaadama yoo ta'e, qote-bulaa kana qabeenyaa sana irraa buqqisuun akka danda'amu kallattii kaa'a. Labsii kana bu'uureeffachuudhaanis qote-bultootni miliyoonotaan lakkaa'aman lafa isaanii irraa buqqa'aniiru; jireenyi isaanii diigamee jira.

Oromiyaa keessatti buqqaatiin qote-bultootaa kun daran hammaataa deeme. Keessumattuu maqaa "Master Plan" jedhuun bara 2014<sup>2</sup> karoorri saamicha lafaafi buqqaatiin uummataa waan ifa baheef mormiin guutummaa Oromiyaa keessatti akka ka'u gochuun nibeekama. Mormiin sunis toora aangoofi siyaasa biyyattii jijjiiruu keessatti gahee guddaa kan qabuu haa ta'u malee, imaammataafi sirna siyaasaa Itoophiyaa garuu jijjiiruu hindandeenye. Gaaffileen dargaggootni yeroo mormii sana gaafatan kanneen akka: dinagdee biyyattii irraa fayyadamoo ta'uu, sirna dimookiraasiifi walqixxummaa ijaaroo, kabajamuu mirga namaa, hiree ofiin of bulchuu, Afaan Oromoo afaan hojii Federaalaa gochuu, abbaa biyyummaa Oromoon Finfinnee irratti qabu mirkaneessuu, qabeenya Oromiyaa irratti Oromoon akka murteessuufi kan kana fakkaatan hanga ammaatti hindeebine. Walumaa-galatti, lafa-dhabdummaan Oromiyaa keessatti rakkoo guddaa keessumattuu kan dargaggoota mudataa jiru yommuu ta'u, wabii nyaataa mirkaneessuu dadhabudhaafis sababa tokko jedhamee beekama (Fekadu, 2016).

### ***3.7 Hanqina Nyaataa***

Hanqinni nyaataa yookiin wabii nyaataa mirkaneessuu dhabuun Oromiyaa keessatti rakkoo gurguddoo jiran keessaa isa ijoo dha. Oromiyaa keessatti hanqinni nyaataa bakka hedduutti mudachaa kan jiru yommuu ta'u, kanaafis jijjiiramni qilleensaa, lafa-dhabdummaa, baayyinni uummataa, walitti-bu'insi uummataafi mancaa'insi qabeenya uumamaa sababoota akka ta'an ibsama (Fekadu, 2016). Sababiiwwan hanqina nyaataa hedduu ta'anis, qabiyyeen lafaa bakka guddaa qaba. Hawaasa jiruufi jireenyi isaa qonna irratti bu'uureeffate keessatti lafa qabaachuun, lafa ofii irratti murteessuu danda'uun, waan oomishan irratti murteessuu danda'uufi yoom, eessaafi eenyutti akka gurguratan murteessuuf aangoo qabaachuun wabii nyaataa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa qaba.

---

<sup>2</sup><https://www.refworld.org/pdfid/5a1d65e14.pdf>

Wabii nyaataa mirkaneessuun oomisha guddisuu qofa miti. Waan oomishan gara maallaqaatti jijjiiratanii dinagdee guddisuuf akka oolu gochuus nidabalata. Fakkeenyaaf, qote-bulaan buna oomishu tokko baayyina/hanga buna argatee osoo hintaane, buna sana eessatti, eenyutti, akkamiin, gatii hagamiitiin gurguratee maatii isaatiif wabii nyaataa mirkaneessuu akka danda’u taasisuu barbaachisa. Akkasumas bara bunnii oomisha gaarii laachuu dideefis waan qabu akka qusatuuf haala mijataan jiraachuu isaatu murteessaadha.

#### 4. Gudunfaa

Oromoon “*Lafti Keenya Lafee Keenya*” yommuu jedhu, lafti aadaa, duudhaa, eenyummaa, siyaasa, dinagdeefi hariiroo hawaasumma keessatti bakka guddaa akka qabu argisiisa. Haata’u malee, sirnootni biyya Itoophiyaa keessatti bara dhufaa darbaa diriiraniin turan aadaa, duudhaafi eenyummaa uummataa osoo hinbu’uureeffatiin siyaas-dinagdee mootummootni hordofan qofa irratti hundaa’uudhaan imaammata baasaa turanii jiru. Kun immoo buqqaa’insa uummataa, lafa-dhabdummaa, hanqina midhaan nyaataafi walitti-bu’insa adda addaatiif sababa ta’aa ture; ammas kanumatti jira.

Waggoota shantamman darbanii eegalee Itoophiyaa keessatti lafti bu’uura wal-falmii siyaasaa ta’ee itti fufaa jira. Lafa to’achuu jechuun ummata irratti aangoo gadi-jabeeffachuu waan ta’eef, mootummoonni biyya kanaa yeroo aangoo isaanii irra turan lafa ofharkaa baasuu hinbarbaanne. Gama biraatiin, lafti harka namoota dhuunfaa galuu qaba warri jedhanis nijiru. Kunniinis dantaa uummataaf jedhanii osoo hintaane fedhii siyaasaafi abbootii qabeenyaa muraasa duroomsuuf jedhamanii qeeqamu.

Lafti harka mootummaa ta’uun mootummaan akka barbaade ummata akka buqqisuu danda’uuf carraa kan baneef yommuu ta’u, lafti harka namoota dhuunfaa yoo gale garuu, uummattotaharqa-qalleeyyii ta’an lafa-dhabdoota waan godhuuf inni kunis qeequmsa irraa bilisa miti. Gama biraatiin, imaamatni lafaa sirna siyaasa kamiinuu yoo ba’e, uummata giddu-galeessa hingodhanne taanaan, faayidaa waan hinqabneef, sirni lafaa sirna siyaasaa irraa adda bahee ilaalamuu hindanda’u.

Rakkinni biraa, Itoophiyaa keessatti karoorri itti-fayyadama lafaa hinjiru. Kunimmoo qisaasama lafaa, faalama naannoo, buqqaa’insa uummataafi malaammaltummaaf karaa banaa jira. Lafti wabii nyaataa waliin hariiroo cimaa

akka qabu beekamaadha. Haa ta’u malee, itti-fayyadamni lafaa karoora sirrii ta’een hingeggeeffamu yoo ta’e, bal’inni lafaa qofti faayidaa hinqabu. Kanaaf, akka biyyaattis ta’e akka Oromiyaatti itti-fayyadama lafaa kan aadaa, seenaa, eenyummaa sabaa, teessuma lafaa, qabeenya uumamaafi kan kana fakkaatu bu’uureeffate qabaachuun wabii nyaataa mirkaneeffachuuf bu’aa guddaa qaba.

Oromiyaan haala teessuma lafaa, haala qilleensaafi qabeenya uumamaatiin misoomaaf mijataa haata’u iyyu malee, mijachuun kun gama biraatiin naannoon kun dirree qaamoliin adda addaa irratti wal-dorgoman ta’uudhaan saamicha lafaaf karaa bane jira. Kun immoo lafa-dhabdummaa, hanqina nyaataafi walitti bu’insaaf sababa ta’ee ture; akkasumas ta’aajira.

## 5. Yaada Galteewwan Imaammataaf Ta’an

Akkuma xiinxala qorannoo kana keessatti ibsametti, hariiroon lafaafi wabii nyaataa gidduu jiru cimaadha. Kanaafuu, yaadonna imaammataaf galtee ta’uu malan armaan gadiitti dhiyaatanii jiru:

1. Falmiin imaammata lafaa irratti jiru yaadota wal-dhiitan gidduutti taasifamaa kan jiru yommuu ta’u, adda-durummaadhaan warra lafti harka namoota dhuunfaa galuu qaba jedhaniifi warra lafti eegumsaafi to’annoo mootummaa jala ta’uu qaba jedhan gidduuttidha. Haata’u malee, seenaa irraa akka hubannutti lafa harka namoota dhuunfaa galchuudhaan bittaafi gurgurtaaf dhiheessuun hiyyeessi olaantummaa abbootii qabeenyaa jala akka galan taasisa. Gama biraatiin, imaammatni lafaa amma jiru mootummaan akka fedhe namoota lafa isaanii irraa buqqisuuf carraa guddaa waan baneef, qote-bultoonnaifi horsiise-bultoonna lafa isaanii irraa akka buqqaafamaniif sababa guddaa ta’ee jira. Kanaafuu, imaammatni uummata giddu-galeessa godhate, fayyadamummaafi dantaa uummataaf dursa kennuu, akkasumas oomishaafi oomishtummaa dabaluuuf gargaaru hirmaannaa uummataatiin bahuu qaba. Aadaafi seenaa Oromoo keessatti lafti akka qabeenya dhuunfaatti hinilaalamu. Jechi, “*Lafti keenya lafee keenya*” jedhu Oromoon lafa isaaf bakka guddaa akka kennuufi aadaa, seenaa, siyaasaafi dinagdee waliin wal-qabsiisee akka ilaalu, akkasumas lafti qabeenya dhaloota kaleessaa, kan har’aafi kan warra fuul-duraa (boorii) akka ta’e agarsiisa. Kun kan nu hubbachiisu immoo imaammatni lafaa yeroo bahu aadaa, duudhaafi falaasama Oromoo giddu-gala godhachuun barbaachisaa akka ta’ee dha.

2. Waggoota kurnan darban kana keessatti hariiroon waa'ee misoomaafi mirga namummaa akkasumas mirga dimookiraasii gidduu jiru daran faallaadha. Fakkeenyaaf, warri misoomaaf dursa kennan gama tokkoon jiru; warri mirga bakka nagaafi qulqullina qabu keessa jiraachuu, mirga bakka jireenya ofii irraa buqqaa'uu dhabuu, mirga mariisifamuufi murtoo irratti hirmaachuu qabaachuu irratti dursa kennanii falman gama biraatiin argamu jechuudha. Mootummaan ADWUI waggoota 28 darban keessatti imaammata “mootummaa misoomawaa” jedhuun waa'ee misoomaa faarsaa mirga ummattootaaf garuu bakka isaaf malu osoo hinkenniin turee jira. Ammas taanaan kana irraa wanti jijjiirame mul'achaa hinjiru. Siyaas-dinagdeen “mootummaa misoomawaa” jedhu sun waa'ee rakkoolee buqqaa'insa uummataa, saamicha lafaafi faalama naannoof xiyyeeffannaa waan hinkennineef mormiin akka dhalatu godhee jira. Gama biraatiin garuu, akka beektonni adda addaa jedhanitti misoomni hirmaannaa uummataan ala humnaan uummata irratti fe'amu yeroo hedduu hinmilkaa'u. Kufaatii tarsiimoo misooma sanaa qofa osoo hintaane: 1) namoota yookiin qaamolee miidhaman, warra moggaatti dhiibamaniifi kanneen qabeenyi isaanii saamame (warra lafa isaanii irraa buqqaa'an) biraa mormiinakka ka'u godha. 2) Beekumsa, duudhaa, danummaa (diversity) uummataaf akkasumas haala hawaasummaafi kunuunsa naannootiif xiyyeeffannaa waan hinkennineef tarsiimoon misoomaa akkanaa bu'aa hinqabaatu (Clapham, 2006). Kanaaf, mootummaa federaalaas ta'e kan naannoo Oromiyaa imaammataafi tarsiimoo misoomaa yommuu bocan haala qabatamaa jiru sirriitti xiinxaluun barbaachisaadha. Keessumattuu, imaammata lafaa yommuu baasanitti falaasama, aadaafi duudhaa Oromoo giddu-galeessa godhachuun murteessaadha.
3. Wabii nyaataa mirkaneessuun waantoota walitti hidhatanii deeman hedduu irratti hundaa'a. Fakkeenyaaf, lafa argachuu, tekinoolojii oomishaa qabaachuu, dandeettii fi ogummaa horachuu, gabaa argachuu, oomisha ofii irratti murteessuu danda'uufi kan kana fakkaatan ofkeessatti hammata. Biyyoota dinagdee qonnaa irratti jireenya ofii bu'uureeffatan keessatti, lafti wabii nyaataa mirkaneessuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Haata'u malee, baayyinni uummataa, hojii-dhabdummaan, hir'inni oomishtummaafi hanqinni lafaa dabalaa waan deemaniif imaammata misoomaa gos-daneessa ta'e baasuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, qonna ilaalchisee jallsii irratti xiyyeeffachuufi



naannoolee horsiisee bulootaa keessatti horsiisa beeladootaa ammayyaa irratti xiyyeeffannoo kennanii hojjechuun barbaachisaa taha. Haata'u malee, waggoota kurnan darban keessatti pirojektiiwwan jallisii mootummaadhaan hojjetamaa turan hedduun isaanii kan wabii nyaataa mirkanneessan osoo hinta'iin, oomisha biyya alaatti ergamu irratti kan fuulleffataniifi namoota dhuunfaa kan fayyadan turan. Kuni immoo, wabii nyaataa mirkanneessuu keessatti qooda hinqabu. Kanaaf, lafa harka abbootii qabeenyaa muraasa galchuu irra fayyadamummaa qote-bulootaa karaa dabaluu danda'uun deggersa barbaachisaa ta'e qonnaa xixiqqoof (smallholder agriculture) gochuudha. Akkasumas, qonnaa jallisii mootummaadhaan yookiin gurmuu qote-bulootaan (farmers union) hoogganamu irratti xiyyeeffachuun dursa midhaan nyaataaf oolu oomishuu barbaachisa.

4. Naannoolee uummata horsiise-buloota hedduu qaban keessaa tokko Oromiyaadha. Kanaaf, naannoon Oromiyaa imaammataafi tarsiimoo misooma horsiise-bulootaa mataa isaa baafachuu qaba. Yoo qorannoofi tarsiimoo sirrii irratti hundaa'anii hojjetan, loon Booranaafi Gujii qofti dinagdee biyyaattiif gumaacha guddaa buusuu danda'u. Haata'u malee, mootummoota dhufaa darbaa biyya kana bulchaa turan akkasumas kan ammas bulchaajiran keessatti lafti horsiise-bulootni irra jiraatan akka lafa duwwaa yookiin lafa onaa, bakka walitti-bu'insaa, boodatti hafaafi dinagdee biyyaa keessattis gahee hinqabnetti ilaalama. Darbee darbee bakka mootummaan fedhii argisiisettis waan gurguddaa lamatu mul'ata: 1) Akka pirojektiiwwan mootummaa gurguddoo Oomoo Kibbaa kan ummata buqqisu (Asebe and Korf, 2018); 2) Akka daangaa Itoophiyaafi Keeniyaa, mootummaan loltuu itti bobbaasee zoonii lolaa taasisu (Asebe, 2016) ta'a jechuu dha. Gama lamaaniinuu uummatni naannoo sana jiraatan faayidaa isaan argatan hinjiraatu. Kanaafuu, akka qabatamaa naannoo, qilleensa, aadaa, haala jiruufi jireenya uummataa bu'uura godhachuudhaan imaammata misooma horsiise-bulootaa baasuun barbaachisaadha.
5. Oromiyaan akkuma nannoolee biroo Itoophiyaa keessa jiranii, haala qilleensaafi teessuma lafaa adda addaa qaba. Kana jechuun, karooraafi tarsiimoo itti-fayyadama lafaa kan haala qilleensaa, teessuma lafaa, qubannaa uummataa, qabeenya uumamaafi kan kana fakkaatan giddu-galeessa godhate qabaachuun dhimma murteessaafi yeroon kennamuufii miti. Faallaa dhugaa kanaa garuu, akka biyyaattis ta'e akka naannootti karoorri itti-fayyadama lafaa hinjiru.

Qabatamaan akka mul'atutti, Oromiyaatti lafa midhaaniif ooluu irratti oomisha abaaboofi waarshaalee adda addaatiif kennamaa ture; ammas ittuma fufee jira. Kanaafuu, karoorra itti-fayyadama lafaa bu'aawwan qorannoo irratti hundaa'e baasuun qisaasama lafaa hambisuuf, wabii nyaataa mirkaneessuuf akkasumas qabeenya uumamaa seeraan itti fayyadamuuf gahee olaanaa qaba.

6. Itoophiyaa keessatti, lafti siyaasa waliin walitti hidhatee ture; hara's akkuma kannati jira. Imaammatti lafaa, bulchiinsi lafaa akkasumas lafa deebisanii hiruun siyaasaan gaggeeffama. Hanga danda'ametti, sirna lafaa siyaasa jalaa bilisa gochuun barbaachisaadha. Kana jechuun fedhii uummataa, dinagdeefi aadaa uummattoota giddu-galeessa godhachuudhaan imaammata jiruufi jireenya uummataa fooyyessuu danda'u baasuutu fala ta'a. Waggoota digdamii salgan darban keessatti, mootummaan aangoorra jiru lafa meeshaa ittiin deggartoota isaa horatu, tooftaa ittiin warra isa morman adabu godhachuun dhimmi bahaa ture; ammas kanummatti jira. Haallin kun immoo malaammaltummaa, saamicha lafaafi babal'ina al-seerummaaf daandiisaaqee jira. Kanaaf, caasaan bulchiinsa lafaa caasaa siyaasaa irraa bilisa ta'ee osoo hundaa'ee gaarii taha.

## ***Wabiiwwan***

Abbink, Jon. (2011). 'Land to the foreigners': economic, legal, and socio-cultural aspects of new land acquisition schemes in Ethiopia. *Journal of Contemporary African Studies*, 29 (4): 513-535

Asebe Regassa, & Koft, Benedikt. (2018). Post-imperial statecraft: high modernism and the politics of land dispossession in Ethiopia's pastoral frontier. *Journal of Eastern African Studies*.

(<https://www.tandfonline.com/doi/full/10.1080/17531055.2018.1517854>).

Asebe Regassa. (2016). Competing orders and conflicts at the margins of the State: Inter-group conflicts along the Ethiopia-Kenya border, ACCORD, Vol. 16, No. 2: 57-84.

- Asebe Regassa. (2012). Emerging Ethnic Identities and Inter-ethnic conflict: A Study on Guji-Burji Conflict in South Ethiopia. *Journal of Studies in Ethnicity and Nationalism*, Vol. 12, No.3.pp.517-533.
- Bahru Zewde. (2002). *The History of Modern Ethiopia*. Addis Ababa: Addis Ababa University Press.
- Balsvik, Randi. (1985). Haile Selassie's Students: The Intellectual and Social Background to Revolution, 1952-1977. East Lansing.
- Clapham, Christopher. (2006). Ethiopian development: The politics of emulation, Common Wealth and Comparative Politics, 44 (1): 137-150.
- Cotula, L. (2013). The New Enclosures? Polanyi, international investment law and the global land rush. *Third World Quarterly*, 34:9, 1605-1629.
- Crewett, Wibke and Korf, Benedikt. (2008). Ethiopia: Reforming Land Tenure. *Review of African Political Economy*, 35 (116): 203-220.
- Dessalegn Rahmato. (2009). *The Peasant and the State: Studies in Agrarian Change in Ethiopia 1950s–2000s*. Addis Ababa: Addis Ababa University Press.
- Donham, Donald. (1986). The Making of an Imperial State, In *The Southern Marches of Imperial Ethiopia: Essays in History and Social Anthropology*, eds. Donald Donham and James Wendy, 3-51. UK: Cambridge University Press.
- Fekadu Adugna. (2016). Land, Landlessness and Rural Poverty in Oromia, In Dessalegn Rahmato (ed), pp.59-124, *Land, Landlessness and Poverty in Ethiopia: Research Findings from Four National Regional States*. Addis Ababa: Forum for Social Studies.
- Gebissa, Ezekiel. (2005). Leaf of Allah: Khat and Agricultural Transformation in Harerge, Ethiopia, 1875–1991. Athens: Ohio University Press/Oxford: James Currey.
- Holcomb, Bonnie, and Sisai Ibsa. (1990). *Invention of Ethiopia: The Making of Dependent Colonial State in Northeast Africa*. New York: Red Sea Press.
- Husen A. Tura. (2018). 'Land Rights and Land Grabbing in Oromia, Ethiopia', *Land Use Policy* 70: 247–55.
- McCann, James. (1995). *People of the Plow: An Agricultural History of Ethiopia, 1800-1990*. Madison: University of Wisconsin Press.
- Markakis, John. (2011). *Ethiopia: The Last Two Frontiers*. Rochester and Woodbridge: James Currey.
- Meles Zenawi. (2006). *African Development: Dead Ends and New Beginnings*.

Unpublished monograph  
([http://www.ethiopiantreasures.co.uk/meleszenawi/pdf/zenawi\\_dead\\_ends\\_and\\_new\\_beginnings.pdf](http://www.ethiopiantreasures.co.uk/meleszenawi/pdf/zenawi_dead_ends_and_new_beginnings.pdf)) Scott, James. (1998). *Seeing Like a State: How Certain Schemes to Improve Human Conditions Have Failed*. New Haven, CT: Yale University Press.

Tache Boku, and Oba Gufu. (2009). "Policy-Driven Inter-Ethnic Conflicts in Southern Ethiopia." *Review of African Political Economy* 36, no. 121: 409–26.

Teshome Emanu. (2014). "The Transforming Power of Urbanization: Changes and Uncertainties among the Farming Community in Laga Xafo-Laga Dadhi Town, Ethiopia". Unpublished PhD Dissertation, Addis Ababa University.

Yigremew Adal. (2001). 'Some Queries about the Debate on Land Tenure in Ethiopia', in Demeke, Mulat & Woldehanna (eds.), *Explaining Growth and Development in Ethiopia*, Proceedings of the Tenth Annual Conference on the Ethiopian Economy, 2-5 Nov 2000, Addis Ababa: Ethiopian Economic Association (EEA), 51-68.



